Harka kee qaama kee irraa bakka dhukkubbiin sitti dhagahamu irra kaa’ii, akkana jedhi: Bismillaah" Maqaa Rabbiitin, yeroo sadii, ergasii yeroo torba akkana jedhi: "Hammeenya na mudatee fi sodaadhu irraa Rabbii fi dandeettii isaatti maganfadha

Usmaan bin Abii Al-Aas al-saqafii irraa akka odeeffametti -Rabbi irraa haa jaallatu- inni Ergamaa Rabbiititti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- erga Islaamummaa qabatee dhukkubbiin qaama isaatti akka dhagahamu himate, Ergmmaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhaniin: «Harka kee qaama kee irraa bakka dhukkubbiin sitti dhagahamu irra kaa’ii, akkana jedhi: Bismillaah" Maqaa Rabbiitin, yeroo sadii, ergasii yeroo torba akkana jedhi: "Hammeenya na mudatee fi sodaadhu irraa Rabbii fi dandeettii isaatti maganfadha».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Usmaan bin Abii Al-Aas -Rabbi irraa haa jaallatu- dhukkubbii isa ajjeesuuf ka'e wahiitu isa mudatee jennaan, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- isa gaafachuuf jecha gara isaa dhufanii, du'aa'ii sababaa isaatin Rabbiin dhukkuba isa mudate isa irraa kaasu isa barsiisan; innis eddoo dhibamu irra harka isaa kaa'ee akkana jedha: (Bismillaah) Yeroo sadii, ergasii yeroo torba akkana jedha: (A'uuzu/nan maganfadha) kooluu barbaada, ofiin eega, ofin tiksa (Rabbii fi dandeettii isaatti hammeenya waan ofitti arguu irraa) laalaa ammaa irraa fi (waanan sodaadhu) yaaddoo fi sodaa irraa fuulduratti argamuu isaa kanan sodaadhu irraa, ykn dhukkubni kun itti fufee laalaan isaa qaama wal gaya jedhee waanan sodaadhu irraa isatti maganfadha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/6018